# Ajaja Toora Interneetirraa Ilaalchisee Gaaffilee Irra Deddeebin Gaafataman

**Gaaffii:** Manneen gurgurtaa nyaataa kamtu bittaa toora interneetii WIC raawwataa?

**DEEBII:** Yeroo ammaa kana, manneen gurgurtaa Washington Walmart qofatu tajaajila bittaa toora interneetii WIC kenna.

**Gaaffii:** Kun Walmart Neighborhood Markets fi Walmart Supercenters ni dabalata?

**DEEBII:** Bakkeewwan Washington Walmart hundi WICdhan kan mirkanaa'anidha.

**Gaaffii:** Kun manneen gurgurtaa Walmart kanneen kutaalee biyyaa qaxxaamuran ykn magaalota daangaa irraa dhufan ni dabalata?

**Deebii:** Magaalaa ollaa tokko keessatti manneen gurgurtaa Walmart mirkanaa'anii fi kutaa WA (Warrenton, OR) keessa hin taane tokkotu jira.

**Gaaffii:** Maatiwwan WIC toora interneetii irraa bitachuuf mateenya Walmart isaan barbaachisaa?

**Deebii**: Eeyyee, toora interneetii irraa bitachuuf tarkaanfiin jalqabaa barbaachisu mateenya bittaa uumudha. Mateenya qopheessuu wajjiin walqabatee baasii hin jiru.

**Gaaffii:** Akkamittan aappii Walmart buufachuu danda'a?

**Deebii:** Aappii Walmart buufachuuf hidhaawwan armaan gadii keessaa tokko fayyadamaa.

- Apple Store: Aappiwwan Walmart App Store irra jiran (Ingiliffaan; afaanonni dabalataa muraasni jiru)
- Google Play: Walmart: Bittaa fi Qusannaawwan - Aappiwwan Google Play irra jiran (Ingiliffaan)

**Gaaffii:** Nyaata Walmart keessatti argamu kamtu WIC'f ulaagaa guutuu akka qabu akkamittan beeka?

**Deebii**: Walmart.com irratti (Ingiliffaan) ykn Aappii Walmart keessaniin nyaata WIC keessan barbaaduf barruu barbaachaa fayyadamuu dandeessu. Fakkeenyaf, yoo aannan WIC'dhaan mirkanaa'e barbaaddan, barruu barbaachaa irratti "WIC Milk (Aannan WIC)" jechuun barreessuu dandeessu. Nyaatni ulaagaalee WIC guutan barreeffama "**WIC Eligible (Ulaagaa WIC Kan Guutuu)**" jedhu agarsiisu. Akkasumas **Shop your WIC benefits** (**Faayidaalee WIC keessan bitadhaa)** fayyadamuudhan nyaata WIC'dhaan mirkanaa'e qofa bitachuu dandeessu, kunis tarreeffama nyaata WIC keessan kan ammaa qaba.

**Gaaffii:** Yoon kaardii WIC koo bakka buuse ammallee toora interneetii irraa bitachuu nan danda'aa?

**Deebii:** Eeyyee, kaardii WIC durii mateenya Walmart keessan irraa haquu dandeessu, achiin booda lakkoofsa kaardii haaraa keessan itti dabaluu dandeessu.

**Gaaffii:** Yeroon toora interneetiitii Walmart irraa bitadhu akkamittan kaardii WIC kootin kaffala?

**Deebii:** Herrega Walmart keessanitti (toora interneetii Walmart.com irratti (Ingiliffaan) ykn Appii Walmart irratti) seenuudhaan "**Add new payment method (Mala kaffaltii haaraa dabalaa)**" ykn "**Add payment card (Kaardii kaffaltii dabalaa)**" jedhu cuqaasaa. Lakkoofsa kaardii WIC fi PIINII WIC galchaa. Yeroo ilaaltan, marsariitichi ammas PIINII WIC keessan akka galchitan isin ni gaafata.

# Ajaja Toora Interneetirraa Ilaalchisee Gaaffilee Irra Deddeebin Gaafataman

**Gaaffii:** Nyaata WIC fi nyaata WIC hin taane bittaa tokko keessatti bitachuu nan danda'aa?

**Deebii:** Eeyyee, kaardii WIC keessan nyaata WIC filattaniif fayyadamuu dandeessu sana booda nyaata WIC hin taane ykn meeshaalee birootif immoo bifa kaffaltii biraa fayyadamuu dandeessu.

**Gaaffii:** Meeshaalee WIC yeroon bitu kaffaltii geejjibaa/ergaa nan kaffalaa?

**Deebii:** Eeyyee, filannoo geejjibaa yoo filatte kaffaltii geejjibaa kaffaluu qabda. WIC'n kaffaltii geejjiba/fe'iinsaa hin uwwisu. Yoo miseensa Wal-Mart + taatan geejjibni/fe'iinsi bilisa. Kaffaltiin wantoota nyaataa fudhachuuf kaffalamu hin jiru. Teessoowwan WA keessan irra jiran hundinuu tajaajila geejjibaaf ulaagaa hin guutan.

**Gaaffii:** Yoon PIINII koo dogoggoraan galchee fi marsariitin Walmart.com natti cufe maaltu ta'a?

**Deebii:** Erga PIINII sirrii hin taane si'a afur galchitanii booda, Walmart.com hanga halkan walakkaa guyyaa sanaatti herrega keessan ni cufa. Yoo PIINII sirreessuu barbaaddan lakkoofsa kaardii WIC keessan gara duubarra jiru irratti bilbilaa.

**Gaaffii:** Tarreeffamni faayidaalee koo akkuman ajaja koo raawwadheen ni haaromsamaa?

**Deebii:** Eeyyee, hafteen faayidaa keessanii akkuma ajajni keessan kennameen ni haaromfama.

**Gaaffii:** Maatileen WIC nyaata WIC'dhaan mirkanaa'e jijjiiruu/bakka buusuu danda'uu?

**Deebii**: Eeyyee, maatileen WIC meeshaa walfakkaataa WIC'dhaan mirkanaa'een jijjiiruf toora interneetii irratti "Start a Return (Deebisuu Jalqabaa)" ni danda'u. Akkasumas gara deeskii tajaajila maamiltootaa Walmart kamiyyuu deemun jijjiirraa jalqabsiisuu danda'u. Meeshaalee naannoo guyyaa dhumaa yeroo faayidaa keessaniitti jijjiiruun adeemsisuuf yeroo gahaa heyyamuu dhiisuu danda'a.

**Gaaffii:** Maatileen WIC yeroo meeshaalen gahaa ta'an hin argamnetti kaffaltii deebisanii argachuu danda'uu?

**Deebii:** Eeyyee, Maatileen WIC yeroo bittaa toora interneetii irratti raawwatan meeshaalee biroo akka filannootti filachuu danda'u. Yoo meeshaan tokko hin argamnee, fi wanti biraa akka filannootti hin filatamne, meeshaalen hin argamne yeroo biraa akka bitataniif gara herrega faayidaa hirmaattotaatti ni deebi'u.

**Gaaffii:** Kaffaltii boorsaa nan kaffalaa?

**Deebii:** Lakki, Kaardii WIC keessan fayyadamuun yeroo ajaja toora interneetii irratti kennitan kaffaltiin boorsaa hin kaffaltan.

**Gaaffii:** Manneen gurgurtaa Walmart kamfaatu qarqara daandii irraa fudhachuu eeyyamu?

**Deebii:** Manneen gurgurtaa Walmart kutaa Washington keessa jiran hundi WICdhan kan mirkanaa'an yoo ta'u, tajaajila qarqara daandii irraa fudhachuu ni dhiyeessu.

# Ajaja Toora Interneetirraa Ilaalchisee Gaaffilee Irra Deddeebin Gaafataman

**Gaaffii:** Hangi ajaja toora interneetii irraa xiqqaan kennamu jiraa?

**Deebii:** Lakki, hangi ajajaa xiqqaan hin jiru.

**Gaaffii:** Ergaa geejjiba bilisaatif hangi ajajaa xiqqaan jiraa?

**DEEBII:** Lakki, kaffaltiin geejjiba ergaa kaffalamuu mala. Hirmaattonni WIC maallaqa Walmart+ hir'ifame kan ergaa geejjiba bilisaa dabalatuuf gahumsa kan qabaatan yoo ta'u hangi ajajaa xiqqaa hin jiru.

**Gaaffii:** Guyyaan dhumaa ajaja toora interneetii irraa fudhachuu ykn geessuuf karaa toora interneetii yoom?

**Deebii:** Yeroo faayidaa keessan keessatti ajaja keessan fudhachuu qabdu.  Guyyaa faayidaa keessan isa dhumaa dura bittaa akka gootan isin gorsina.

**Gaaffii:** Yoo oomishni tokko kuusaa keessaa dhabame, Walmart bakka bu'aa nyaata WIC dhiyeessuu danda'aa?

**DEEBII:** Eeyyee, garuu yeroo ajaja jalqabaa tokkoon tokkoon wantootaaf bakka bu'aa barbaaddan yoo filattan qofa. Yeroo ajaja keessan bakka itti baatan irratti ilaaltan, bakka bu'aa filachuuf filannoon isiniif kennama.

**Gaaffii:** Ajaja sarararraa WIC koo irratti rakkoon yoo jiraate eenyunaan qunnama?

**Deebii:** 1(800)-925-6278 irratti bilbiluudhaan ykn Gargaarsa - Walmart.com daawwachuu dandeessu (Ingiliffaan).

**Gaaffii:** Maatii koo keessatti hedduu yoon qabaadhe Kaardii WIC tokkoo ol fayyadamuu nan danda'aa?

**Deebii:** Lakki, gosa kaardii tokko waan ta'aniif, daldala ajaja toora interneetii tokko keessatti Kaardii WIC tokkoo ol fayyadamuu hin dandeessan.  Bifa kaffaltii biraa kan akka Supplemental Nutrition Assistance Program (SNAP, Sagantaa Gargaarsa Nyaata Dabalataa) Electronic Benefits Transfer (EBT, Daddabarsa Faayidaa Elektirooniksii), deebitii, cireeditii fi kkf fayyadamuu dandeessu. Tokkoon tokkoon Kaardii WIC adda addaatiif ajaja adda addaa toora interneetii irratti gochuu isin barbaachisa.

Washington State Department of HEALTH

DOH **961-1319** February 2025 Oromo
Dhaabbanni kun carraa wal-qixa ta'e kenna.
Washiingtan WIC loogii hin raawwatu.

Galmee kana bifa biraatin gaafachuu yoo barbaaddan, gara 1-800-841-1410'tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa ykn WIC@doh.wa.gov irratti Imeelii godhaa.